# Eegumsa Humna Hojjetaa Appilikeeshinii-Irratti Hunda'ee

Seattle Office of Labor Standards

## Hojjettoota kamtu eegumsa argatu?

Seerotni kunneen hojjetaa kamiyyuu ramaddiiwwan hojii fudhachuuf appiiwwan murtaa'an fayyadamuu fi tajaajila Siyaatil keessatti kennuuf dhiyeessii kaffaltii qabu fudhatu kamiyyyu irratti raawwatiinsa qaba.

## Appiiwwan kam?

Appiiwwan kan "Neetiworkii Dhaabbilee" ta'an ni hammatamu, garuu neetiworkiin dhaabbataa maali?

Addunyaa guututti hojjettoota appii irratti hundaa'an **250+** qaba

Maamiltoota hojjettoota waliin wal qunnamsiisa

Hojjettootaf karaa appiichaa carrawwan jiran dhiyeessa

Hamma kaffaltii qopheessa

Fageenya hojjetaa fi sa'aatii hojii ni too'ata

## Kaffaltii Xiqqaa Hojjetaa appilikeeshinii irratti Hundaa'ee

Hojjettoonni eegumsa argatan sa'aatii hojjetanii fi maayilii konkolaataa oofan irratti hundaa'un kaffaltii gadi aanaa argatu.

**$0.45/ daqiiqaatti** + **$0.77/ maayiliitti** **Ykn** **$5.20** **Isa irra caalu**

Yoo sa'aatii 2 keessatti dhiyeessii tokkoof hojii jalqabuu qabdu ta'e, yeroo dhiyeessicha fudhattan irraa kaasee yeroo/maayilii lakkaa'uu dandeessu. Yoo kana hin taane ta'e, yeroo hojii jalqabaa keessan itti dhaabdan irraa eegaltanii qofa yeroo/maayilii lakkaa'uu dandeessu.

Siyaatil alatti hojii yoo jalqabdan, yeroo/maayilii lakkaa'uu kan dandeessan erga Magaalaa seentani booda qofa. Yoo Siyaatil keessaatti hojjechuu jalqabdan, yeroon/maayiliin hundi ni lakkaa'ama.

## MIRGOOTA KEESSAN BEEKAA

- ✓ Yoomii fi hammam akka hojjettan akkasumas isa kam akka fudhattan filadhaa.
- ✓ Dhaabbatichi dheerina maayilii fi yeroo dhiyeessin tokko fudhatu tilmaamuu qaba.
- ✓ Tiippiiwwan hunda fudhachuu qabdu. Tiippiiwwan kaffaltii xiqqaa irratti hin lakkaa'aman.

# Eegumsa Humna Hojjetaa Appilikeeshinii-Irratti Hunda'ee

Seattle Office of Labor Standards

## Kaffaltii Hojjetaa Yeroo Dhukkubaa fi Nageenyaa Appilikeeshinii irratti Hundaa'eef Kaffalamu (PSST)

Hojjettoonni eegumsa argatan sababoota armaan gadiitin guyyoota boqonnaatti kaffaltii fudhachuu ni danda'u:

- Fayyaa qaamaa ykn sammuu keessan ykn kan miseensa maatii keessanii kunuunsuf
  - Beellamoota doktoraa ni dabalata
- Ofii keessan ykn miseensa maatii miidhan mana keessaa, miidhamni saalaa ykn doorsisni mudate kunuunsuf
- Yeroo manni barumsaa ykn bakki kunuunsa miseensa maatii cufamu
- Sababoota fayyaa ykn nageenyaa waliin walqabataniin hojiin dhaabbachuun ykn hir'achuun yoo mudate

## PSST hammamiin argadha?

Guyyoota 30 Siyaatil keessatti hojjettan hundaaf yoo xiqqaate PSST guyyaa tokko ni argattu.

Siyaatil keessatti fe'uun ykn buusun kamiyyuu ni lakkaa'ama.

## Kaffaltii hammamiin argadha?

(Giddugaleessa mindaa guyyaa keessanii guyyoota ji'oota 12 darbaniif Siyaatil keessatti hojjettaniif (tiippii hin dabalatu).

## PSST akkamittan fayyadama?


PSST keessan erga fudhattanii torban tokko booda fayyadamuuf qophaa'uu qaba.

Yeroo boqonnaa gaafachuu keessan dura guyyoota 90 keessatti hanga appilikeeshinii sanaaf hojjettanitti PSST keessan battalumatti fayyadamuu jalqabuu dandeessu.

Yeroo PSST gaafattan, yerooma sanatti boqonnaa fudhachuu danda'uu qabdu. Boqonnaan keessan sa'aatii 24 qofaaf kan turudha yoo dabalataa gaafattan malee.

## MIRGOOTA KEESSAN BEEKAA

- Hanga PSST guyyoota 3 ol walitti aansitanii fudhattanitti, Dhaabbatichi sababa maalitiif PSST akka fudhattan isin gaafachuu hin danda'u.
- Dhaabbatichi yeroo boqonnaa keessanii yoo hojjettan kaffaltii PSST isin dhorkuu danda'a.
- Dhaabbatichi PSST waan gaafattaniif ykn fayyadattaniif tarkaanfii badaa isin irratti fudhachuu hin danda'u.



## Komii Dhiyeeffadhaa

Dhaabbanni isin hojjettaniif seera kana hin hordofuu? Odeeffannoo armaan gadii fayyadamuun komii dhiyeessuu ni dandeessu:

- 206-256-5297
- laborinquiry.seattle.gov/employee-inquiry/
- ykn asii iskaanii godhaa!

Tajaajilli hiikkaa Afaanii bilbilaan ni argama